

## **Qajeelfama Lakk, 9/2006**

### **Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Haqaa Oromiyaa**

Biiron Haqaa Oromiyaa tajaajila haawaasaaf kennuu keessatti naamusni gaariin jiraachuun tajaajilli kennamu saffisaa, malaammaltummaa fi hoj-maata badaa irraa bilisa gochuun, lammiin mootummaa irratti amantaa akka qabaatu kan taasisu, misoomnii fi ijaarsi sirna diimookiraasii akka saffisu kan taasisu, akkasumas, itti fuufiinsaa fi bu'aa qabeessa kan taasisuu danda'u ta'uun waan itti amanameef,

Qajeelfamni naamusaa kun Biirichi humna namaa isaatii fi qabeenya biroo qabutti sirnaan fayyadamuun ergama isaa galmaan gahuu fi qabeenya biyyatiitiif quuqamuu cimsuuf kan gargaaru waan ta'eef,

Akkaataa Dambii Lakk. 146/2004, keewwata 8(1) tiin qajeelfamni kanatti aanu bahee jira.

**Kutaa Tokko**  
**Tumaalee Waliigalaa**

**1 Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtootaa fi Hojjatootaa Biiroo Haqaa Oromiyaa lakk. \_\_/2006” jedhamee waamamu ni danda’a.

**2 Hiikaa**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee Qajeelfama kana keessatti:

1. ”**Biiroo**” jechuun Biiroo Haqaa Oromiyaa ti.
2. “**Komishinii**” jechuun Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa ti.
3. “**Hogganaa Ol’aanaa**” jechuun Hogganaa fi Itti aanaa Hogganaa Biiroo ti.
4. ”**Itti gaafatamaa**” jechuun itti gaafatamaa waajjira Haqaa Godinaa yokiin Aanaa yokiin Magaalaa jechuu dha.
5. “**Qondaala Naamusaa**” jechuun ogeessa hojii hordoffii dagaagina naamusaa Biiricha keessatti akka hojjatu, raawwatu, qindeessu, deggaruu fi hordofu muudame ykn ramadame ykn qaxarame jechuudha.
6. “**Garee Hordofiifii Dagaaggina Naamusaa**” jechuun Biiricha keessatti garee hojii hordoffii dagaaggina naamusaa hojeetu jechuu dha.
7. “**Hojjataa**” jechuun akkaataa seera hojjatoota mootummaatiin nama qacaramee yookiin akkaataa Dambii Ittiin Bulmaataa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa tiin nama muudame Biiricha keessatti hojjatu jechuudha.
8. ”**Qabeenya**” jechuun maqaa isaatiin abbummaadhaan yookaan qabiyyuummaadhaan kan argamu qabeenya socho’aafi hinsochoone, kan ifatti mul’atuufi hinmul’ane akkasumas qabiyyee lafaa fi idaa ofirraa qabuu kan hammatuudha.
9. ”**Galii**” jechuun mindaa jiaa, galii lotoorii, aksiyoona, qusannoo fi **kan kana fakkaatan** ni dabalata.
10. ”**Walitti bu’iinsa faayidaa**” jechuun taayitaa yookiin aangoo waajjira mootummaa keessatti qabaniin bakka fedhii waajjirichaa fi fedhiin dhuunfaa haala wal faallessuun murtii murteessuun faayidaa hin malle argachuudha.
11. ”**Faayidaa beeksisuu**” jechuun qabeenyaa fi galii argatan addaan baasanii ibsuudha.

12. **”Faayidaa galmeesisuu”** jechuun qabeenya dhuunfaadhaan horatan galmeesisuu jechuu dha.
13. **”Maatii”** jechuun haadha manaa yookiin abbaa manaa yookiin ijoollee umuriin isaanii
14. waggaa 18 gadii kan itti gaafatamichaa yookiin hojjatichaa jechuudha.
15. **”Fira dhiyoo”** jechuun abbaa, haadhaa, obboleessa, obboleettii, wosiila, eessuma, adaadaa fi ijoollee isaanii jechuudha.
16. **”Kenna”** jechuun hojiilee tajaajila ummataa yookiin mootummaa irratti faayidaa hin malle fudhachuu yookiin kennuudha.
17. **”Badii Naamusaa”** jechuun qajeeltowwan naamusaa 12’n qajeelfama kanaan ibsaman irra darbuun gocha faallaa raawwachuu dha.
18. **”keessummeessaa”** jechuun sababa itti gaafatamaa yookiin hojjataa ta’eef qofa affeerraa nyaataa, geejjibaa, tajaajila bashannana hoteelaa yookiin gosa biraa bilisaan taasifameef jechuu dha.
19. **”Eeruu dhiheesuu”** jechuun seera, dambii fi qajeelfama irra darbnuun badii maallaqaa fi qabeenya mootummaa irratti raawwatamuu isaa yookiin badii naamusaa raawwatame yeroo, iddoo fi haala yakkichi itti raawwatame bilbilaa, barreeffamaan yookiin qaamaan dhihaachuudhaan himuu jechuudha.
20. **”Iccitii”** jechuun bu’uura seeraatiin eegamuu kan qabu ragaa yookiin odeeffannoo faayidaa ummataa, mootummaa fi nama dhuunfaa beekamaa ta’e qabate jechuu dha.
21. **”Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin seeraan namummaa kan argate jechuudha.

### **3 Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### **4 Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun itti gaafatamtoota, Abbootii Adeemsaa, Abbootii Alangaa fi hojjatoota sadarkaa Biiroo, Godina, Aanaa fi Magaalaa jiran irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### **5 Kaayyoo**

1. Biiricha keessatti aadaa iftominaa fi ittigaafatamummaa gabbisuun bulchiinsa gaarii mirkaneessuu.

2. Aadaa tajaajiltummaa ummataa gabbisuun tajaajila haqummaa qabu hawaasaaf kennuu.
3. Badiin Naamusa akka hin raawwatamne hubachiisuu, raawwatamanii yoo argaman sirna tarkaanfii sirressa fudhachiisuu dandeesisuu diriirsuu.

### Kutaa Lama

#### Qajeeltoowwan Naamusaa

#### 6 Ejjannoo Gaarii

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu;

1. Ogummaa isaaniitiin yemmuu tajaajilanii haala hawaasni ol'aantummaa seeraa fi bulchiinsa sirna haqaa irratti amantaa akka horatuun ta'uu qaba.
2. Hojii isaanii gahumsaa, naamusaa ogummaa olaanan, of eggannoo fi si'aayinaan raawwachuu qabu.
3. Seeran ala hojjachuu, gocha sirri hintaanee fi naamusa badaarra of qusachuu qabu.
4. *Gocha naamusa ogummaa isaanii miidhu yookiin miidhuu danda'u raawwachuu dhiisuu yookiin namni biraa maqaa isaanitiin akka hin raawwanne hayyamuu dhiisuu*
5. Jiruu hawaasummaa fi dhuunfaa isaanii haala amantaa fi kabajaa hawaasni Biiricha irratti qabu eegsisuun yookiin gabbisuun gaggeessuu qabu.
6. *Kabaja ogummaa isaaniitiif amanamuu fi ejjannoon dhaabbachuu, qajeeltoowwan seera duratti walqixa ilaalamuu, akka nama qulqulluutti tilmaamamuu, bilisaa fi gartummaan ala ta'anii argamuu kabajuu qabu.*
7. *Gaaffii himatamaa, ragaalee yookiin nama kamiyyuu qaanessuu, maqaa balleessuu yookiin aarsuu kaayyoo godhatanii gaaffachuu hin qabanu.*

#### 7 Amanamummaa

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Heera mootummaa federaalaa fi naannootiif amanamaa ta'uu qabu.
2. Hojii isaanii seeraa fi qajeelfama Biiriichi baasu bu'uura gochuudhaan raawwachuu qabu.
3. Gocha seeraan alaa raawwatamuu isaa yoo beekanii yookiin arganii ittii gaafatamaa hojii dhiyoo isaaniitiif ibsuu qabu.
4. Maallaqa mootummaa, qabeenyaa fi sa'aatii hojii haalaan itti fayyadamu fi faayidaa dhuunfaa tiif olfachuu irraa of qusachuu qabu.

#### 8 Iftoomina

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Hojii isaanii haala iftoomina qabuun raawwachuuf fi odeeffannoo hawaasichi gaafatuu fi beeku qabu kan iccitii hin qabane yoo ta'e dhoksuu hin qabanu.
2. Murtii fi tajaajiloota kennan ifa ta'uu fi murtii yookiin tajaajila kennan ilaalchisee tajaajilamtoota irraa gaaffii dhiyaateef iccitii eeguun barbaachisaa yoo ta'e malee seeraa fi qajeelfama hordofuun ibsaa fi deebii quubsaa ta'e kennuu qabu.
3. Odeeffannoon tajaajilamtootaa, miltoo hojii isaanii fi hoggantoota isaaniitiif kennanii guutuu, sirrii fi ifaa ta'uu qaba.
4. *Sirna deemsa falmii keessatti dogongorri yoo mul'ate yookiin adeemsi falmii yoo waldhahe battalumatti akka sirraa'u dhaddachatti ifatti hubachiisuu qabu.*

## 9 Iccitii Eeguu

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biiricha kamiyyuu:

1. Haala ifaa ta'een yoo hayamame male, iccitiwwaan sababa hojiitiin beekan eeguu qabu;
2. Biiricha erga gadi lakkisanii yookiin iddoo biraatti erga jijjiiramanii booda sababa hojiitiin iccitiwwan beekan eeguu qabu;
3. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, balleessaa saaxiluuf jecha qaama dhimmi ilaaluuf odeeffannoo iccitummaa qaban beeksisuun akka iccitii baasuutti hin ilaalamu.
4. *Ibsa dhimma qorannaan yookiin himannaan isaa hin xumuramne fi adeemsa dhaddachaa gufachiisuu danda'u kennuu yookiin maxxansuu irraa of qusachuu qabu.*

## 10 Haqummaa

Itti gaafatamtoonni fi hojjattoonni Biiriichaa kamiyyuu:

1. Hojii isaaniitiin walqabate waadaa seenan eeguu fi kabajuu qabu.
2. Gocha waliin dhahuu fi aangootti garmalee fayyadamuu irraa bilisa ta'uu qabu.
3. Hojii isaaniitiin walqabatee kennaa yookiin keessummeessa kamiyyuu fudhachuu hin qaban.
4. Imaammata mootummaa irratti gorsa sirrii fi madaalawaa ta'e kennuu qabu.
5. *Bilisummaa ogummaa fi maqaa gaarii fi kabaja ogummaa isaanii eeguu qabu.*
6. *Namoota yakka raawwatan jedhamanii shakkaman irratti yammuu himannaa dhiyeessanii fi falmanu dhugaa fi ragaa qabatama irratti hundaa'u qabu.*

*7. Hawaasa, namoota gocha yakkaatiin miidhamanii fi himatamtoota giddutti nagaa fi tasgabbiu umuuf yeroo huundumaa dhugaa baasuuf tattaafii barbaachiisu taasiisuu qabu.*

*8. Yeroo hojii isaanii raawwatanu mirgoonni miidhamtoota dhuunfaa, eeruu kennitootaa fi ragaalee kabajamuu isaa mirkaneeffachuu qabu.*

#### **11 Ittigaafatamummaa**

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Murtiiwwan kennanii fi hojiiwwan raawwataniif itti gaafatamu; akkasumas waan raawwataniif sababa gahaa kennu qabu.
2. Imaamata mootummaa raawwachuu fi raawwachiisuuf itti gaafatamummaa qabu.

#### **12 Faayida Ummataa Dursuu**

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Fayyida dhunfaa isaanii, kan maatii isaanii, kan qaama biroo yookiin garee osoo hin ta'in fayyidaa hawaasaa fi mootummaa bu'uura godhachuun hojii isaanii rawwachuu qabu.
2. Hojii mootummaa waliin hojii walitti bu'u hojjachuu hin qaban.
3. Fayyidawwan hojii idilee isaaniitiin walitti bu'uu danda'u kamiyyuu beeksiisuu; akkasumaas walitti bu'insa dhabamsiisuu qabu.
- 4. Sababa hojii isaatiin namoota isaan qunnamanu kamiyyuu irraa maallaqa liqeeffachuu hin qabanu.*
- 5. Hojii isaaniitiin dhiimma wal qabatuun ala yoo ta'e malee, ta'e jedhanii hojiin ala Abbootii dhiimmaa, abukkaatoota isaanii yookiin firoota isaanii fi dhiimma raawwachiiftota isaanii waliin walqunnamuu dhiisuu qabu.*

#### **13 Aangoo Seera Qabeesa Ta'eetti Fayyadamuu**

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Hawaasa haalaan akka tajaajilaaniif itti gaafatamummaa fi aangoo keennameef daangaa Biirichaaf seeraan kaa'ame keessaatti fayyadamuu qabu.
- 2. Yeroo kamiyyuu seera irratti hundaa'uudhaan qaamolee haqaa waliin hojjatanu wajjin qindoominaan hojjachuu qabu.*
3. Labsi, Dambii yookiin qajeelfama bu'uura godhachuun hojii isaanii raawwachuu qabu.
4. Aangoo isaaniitiin seeraan ala fayyadamuun fayyidaa dhunfaa argachuuf oolchuu hin qaban.

5. ***Gidduu lixummaa qaama kamiittiinyuu yookiin dhiibbaan himata tilmaamamaa hin taane hundeessuu dhiisuu fi murtii kenuu dhiisuu qabu.***

#### **14 Loogi Raawwachu Dhisuu**

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Haala Loogii hin qabineen murtii barbaachiisaa fi haqa qabeessa ta'e kennuun hojii isaanii raawwachuu qabu. Bifaan, Sanyiin, Sabaa fi sab-lamiin, kornayaan, Afaaniin, Amantaan, miidhaa qamaatiin, ilaalchaa siyaasaatiin yookiin haala biroon garaagarummaa osoo hin uumin hojii isaanii raawwachuu qabu.
2. Seera qofa bu'uura godhachuun hojjachu qabu.
3. ***Seerota biyyattii sodaa fi daba tokko male yookiin loogii tokko male raawwachiisuun mirgoota namummaa fi dimookraasii kabajuu fi kabachiisuu qabu.***

#### **15 Seera Kabaajuu**

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Heera fi seera kabajuu fi labsiiwwanii, dambiiwwanii, qajeelfama hojii isaanii raawwachuuf barbaachisan hordofuu fi kabajuu qabu.
2. Qajeelfama yookiin ajaja angoo seera qabeessaan darbeef rawwachuuf itti gaaffatamummaa qabu; ta'uus itti gaafatamtoonni qajeelfama yookiin ajajaa seeraan alaa dabarsuu hin qaban
3. Bu'uura keewwata kan keewwata xiqqaa (2) tiin qajeelfamni yookiin ajajin kenname seeraan alaa yookiin barbaachiisa yoo hin taanee qajeelfamicha yookiin ajajicha ittigaafatamaa kenneeffitti beeksiisu qabu.

#### **16 Gaaffii Uumataatiif Deebii Gahaa Kennu**

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Abbootii dhimmaatiif kabajaa barbaachisuu kennuun fuula gaariin simatanii yeroo kaa'ame keessatti deebii fi furmaata barbaachisaa ta'e kennuufii qabu.
2. Abbootiin dhimmaa adeemsa walaaluun obsa dhabuu fi aaruu waan danda'aniif obsaan keesumeesuutu irraa eeggama.
3. ***Tajaajilamtoonni yookiin namootni biroo yeroo isaan komatanuu fi isaan ceepha'anu of too'atanii miira tasgabba'aa agarsiisuu qabu.***

#### **17 Fakkeenyummaa**

Ittigaafatamtoonni fi hojjattoonni Biirichaa kamiyyuu:

1. Hojii mootummaa yeroo raawwatani fi yeroo hawaasa keessa jiraatan fakkeenya ta'uun naamusa ol'aanaa irraa eegamu agarsiisuuf qajeelotoowwan qajeelfama kana keessaatti ibsaman gabbisuu fi gochaatti akka hiikaman gargaaruu qabu.
2. Miirri itti gaafatamummaa kan itti dhaga'amu, jijjirama kan deegaran, maqaa gaarii Biiriichaa kan eeganii fi aadaan hojii akka gabbatu, wal-amanuun hundeen lafa akka qabatuu fi cimee jabinaan akka turu kan taasiisan ta'u qabu.
3. *Seerota yeroo yeroon bahan beekuu fi leenjii qophaa'u irratti hirmaachuun ga'umsa isaanii gabbifatanii tajaajila si'ataa fi qulqullina qabu kennuun fakkeenya gaarii ta'anii argamu qabu.*
4. *Dhaddacha seenuu isaanii dura qophii gaha taasisuu fi waaroo dhaddachaa (gaawaanii) fi uffannaa gaarii kabaja dhaddachichaa madaalu uffatanii argamuu qabu.*

### **Kutaa Sadii**

#### **Badii Naamusaa, Akkaataa Adabbiin Itti Murtaa'u fi Sirna Tarkaanfiin Itti**

#### **Fudhatamu**

#### **18 Badii Naamusaa Salphaa**

Badii Naamusaa salphaan kanneen armaan gadii ti:

- 1 Hojii isaa sirnaan, tataaffiin, gahumsaa fi karaa bu'a-qabeessa ta'een raawwachuu dhabuu.
- 2 Miltoon mana hojii isaa gita hojii walfakkaatu irratti ramadamee jiru hirina dandeetti ifatti mulatu fi hojii irratti miidhaa geesisu qabaachu isaa osoo beekuu itti gaafatamaa dhihoof beeksisuu dhiisuu
- 3 Gocha seeraan alaa yookan hir'ina naamusaa yookan gocha sirrii hin taanee miiltoo mana hojii isaa itti gaafatamaa dhiyyoo isaatti yookiin qondaala naamusaatti beeksisuu dhiisuu.
- 4 Sababa gahaa malee rakkoo hojii irratti miidhaa geesisu danda'u itti gaafatamaa yookiin qaama dhimmi ilaallatuuf yeroon beeksisuu dhiisuu
- 5 Gaaffilee seera qabeessa ta'anii fi odeeffannoo iccittummaa hin qabnee ummataa kennuuf hayyamamaa ta'u dhabuu.
- 6 Bakka hojiitti baajii godhachuu dhabuu
- 7 Hojiiwwan raawwataman ilaalchisee yeroon qaama dhimmi ilaaluf gabaasa sirrii ta'e dhiheessuu dhabuu



- 8 Seeran dirqama osoo qabuu faayidaawwan argatu yeroo seeraan ka'ame keessatti dagannoon beeksisu dhiisuu.
- 9 Yeroo hojii mana hojiichaatiin ala mana hojii biroo keessatti hayama male qaccaramuun hojjachu.(is this directive compatable with the regulation No163/2005)
- 10 Miltoo hojii isaa bu'uura seeraatiin akka hin hojaneef dhiibbaa irraan gahu.
- 11 Hayyama itti gaafatamaa dhiyoo osoo hin argatin hojii irra hafuu yookiin yeroo hojii kabajuu dhiisuu yookiin ittigaafatamaa dhiyoo osoo hin beekisiisiin fi sababa gahaa malee seenanii bahuu.
- 12 Abba dhimmaatiif naamusa gaarii agarsiisuu dhabuu yookiin gargaarsa gochuuf hayamamaa ta'u dhabu.
- 13 Gaaffii Abbootii dhimmaatiif deebii waaytaawwaa fi barbaachiisa kennu dhisuu.
- 14 Itti gaafatamummaa osoo qabu hojimaata fi qajeeltoowwan naamusaa mana hojichaa hojjattoota haaraa qaxaramaniif beeksiisu dhiisuu.
- 15 Hoggantoonni ol'aanaan yookiin itti gaafatamtootaan yokiin Abbootii adeemsaatiin hojii koree fi garee akka hojjatu ajajni yoo kennamu sababa gahaa malee hojjachuuf hayamamaa ta'uu dhiisuu.
- 16 Hojii kennameef sababa gahaa male yeroon raawwachuu dhiisuu

#### 19 Badii Naamusaa Cima

Badiiwwan naamusaa cimaan kanneen armaan gadii ti.

- 1 Hojiin tokko akka hin hojjatamne yookiin murtiin akka hin raawwatamne guufuu umuu yookan namoota hojiin akka hin hojjatamne barbaadan waliin tumsuu
- 2 Murtii fi imaammata mootummaa irratti odeeffannoo miidhaa geesisu ta'e jedhanii ibsuu
- 3 Tajaajila yookiin qabeenya yookan maallaqa Biiriichaa garmale fayyadamuu yookiin fayyidaa dhuunfaatiif olchuu.
- 4 Yeroo hojii Biiriichaa hojii dhuunfaa yookiin kan nama biraa raawwachuu
- 5 Murtii kenneef sababa yookiin ibsa barbaachisaa kennuu diduu
- 6 Odeeffannoo iccitummaa qabu yookiin hin hayamamiin utuu hojii irra jiruu yookiin erga jijjiiramee booda yokiin erga hojii gadidhiisse booda haala kamiinu ibsuu(how you are going to emplement –scope of application as limit to workers)
- 7 Odeeffannoo Biiriichaa yookiin tajaajilamtoota irratti miidhaa dhaqabsiisuu sababa gahaa fi seera qabeessa hin taneen ta'e jedhanii ibsuu.

- 8 Gocha waliin dhahuu, sanada haquu yookiin faajjii fi chaapaa Biiriichaa gocha seeraan alaatiif fayyadamuu.
- 9 Gabaasa sobaa yookiin sirri hin taane dhiyeessu
- 10 Seeraan dirqama osoo qabuu faayidaawwan ta'e jedhe beeksiisuu dhiisuu.
- 11 Qabeenyaa ofii fi maatii isaa galmeeisuuf hayamamaa ta'uu dhabuu.
- 12 Galmeeisa qabeenyaa guutuu hin taanee yookiin sirrii hin taane ta'e jedhee yookiin daganoo dhaan raawwachuu.
- 13 Aangoon ol hojjachu, yookiin Aangootti seeraan ala fayyadamuun yookiin Aangoon daldaaluun
- 14 Loogiin gorsa nama tokko yookiin garee tokko fayyaadu yookiin miidhuu kennuu.
- 15 Haala faallaa ejjannoo gaarii ta'een eeruu sobaa dhiheessuu
- 16 Ogummaa, dandeettii fi muuxannoo hojii barbaadameen ala kan ta'e qacarrii raawwachuu, sadarkaa guddina, leenjii yokiin carraa barumsaa kennuu,
- 17 Yakkaan balleessaa ta'anii argamuu fi sababa badii yakkichaatiin hojii itti ramadamee jiruuf gahaa ta'anii argamuu dhabuu.
- 18 Seeraa yookiin imaamata mootummaa hordofuu dhabuu fi kabajuu dhabuun ta'e jedhame hojirraatti miidha geesisuu.
- 19 Sababa hojjattoota wajjin walta'uu dhabuutiin adeemsa hojii irratti gufuu ta'uu.
- 20 Hawaasinii mirga isaa ilaalchisee hubannoo dogongoora akka qabaatu gochuu
- 21 Hiriyyaa hojii yookiin abba dhimmaa sagaagalummaaf cinquu, dirqisiisuu yookan dirqisiisanii gudeeduu yookiin yaalu yookan namoota birootiif haala mijeessuu,
- 22 Durgoo seeraan ala gaafachuu fi fudhachuu.
- 23 Haala hojii isaatiin walqabateen kennaa yookiin keessummeessa fudhachuu.

## 20 Akkaataa Adabbiin Itti Murtaa'u

1. Abbaan Alangaa badiiwwan naamusaa qajeelfama kana keewwata 18 fi 19 jalatti tumaman raawwate yoo argamee bu'ura Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakk.161/2005 keewwata 79 tiin kan adabamu ta'a.
2. Hojeetaan badiiwwan naamusaa qajeelfama kana keewwata 18 fi 19 jalatti tumaman raawwate yoo argamee bu'ura Labsii Hojeetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.61/1994 keewwata 65 fi Dambii Sirna Raawwannaa Naamusaa fi Dhiyeeffannaa Komii Hojeetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.36/1996 tiin kan adabamu ta'a.

## 21 Sirna Tarkaanfiin Naamusaa itti fudhatamu

Sirni fi murtiin adabbii naamusaa kan hojjattoota mootummaa akkaataa labsii hojjattoota mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 61/1994 fi Dambii Sirna Raawwannaa Naamusaa fi Dhiyeeffannaa Komii Hojeetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.36/1996 tiin kan gaggeeffamu ta'ee kan Abbootii Alangaa akkatta Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 161/2005 tiin kan gaggeeffamu ta'a.



### Kutaa Afur

#### Tumaalee Adda Addaa

## 22 Eeruu Beeksiisuu

1. Ittii gaafatamaa fi hojjataa kamiyyuu qajeeltoowwan qajeelfama kana keessatti hamaatamaan kan falleessuu badiin naamusaa raawwatamuu isaa karaa kaminuu yoo beekke yookiin yoo arge dhimmicha Qondaala Naamusatti yoo cimaa ta'e immoo Komishiniichaatti beeksiisu qaba.
2. Eerun dhiyaatu dhugaa kan ta'e fi sababawwan amansiisa irratti kan bu'uureffate ta'u quba.
3. Eeruu dhiyeessaan miidhaa haaloo bahuu kamirrayyuu mirga eegamuu qaba.
4. Eeruu dhiyeessan eenyummaan isaa akka hin ibsamne yoo barbaade eenyummaan isaa iccitiin qabamuu qaba.

## 23 Dirqama Qajeelfama Raawachisuu

1. Hogganaa ol'aanaa fi Itti gaafatamtoonni qajeelfama naamusaa kana siritti beekanii hojii irra olchuu akka danda'an hojjattoota barsiisuu fi beeksisuuf itti gaafatamummaa qabu.
2. Itti gaafatamtoonni qajeelfama kana raawwachuu, raawwachisuu fi hordofuuf ittigaafatamummaa ni qabaatu.
3. Hojjattoonnis qajeelfama kana raawwachuuf itti gaafatmummaa ni qabaatu.
4. Itti gaafatamtoonni fi hojjattoonni Biiricha keessatti badii naamusaa, malaammaltummaa fi hojimaata badaa wajjin gochoonni wal qabatan yeroo raawwataman akkaataa cimina dhimmichaatti hogganaa ol'aanaa yookiin qondaala naamusaa tiif yookan komishinichaaf beeksisuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.
5. Qondaallii naamusaa yookiin gareen hordoffii dagaagina naamusaa qajeelfama kana keessatti raawwii qajeeltoowwan naamusaa ka'aman ilaalchisee hogganaa ol'aanaa, Itti gaafatamtoonni fi hojjattoota gorsuu, barsiisuu fi Biirichatti haala

naamusaa gaarii jiru yeroodhaa gara yerootti hogganaa ol'aanaaf gabaasa gochuuf ittigaafatamummaa qaba.

#### **24 Dirqama Deeggaru**

Itti gaafatamaa fi hojjataan kamiyyuu ragaa Qondaalli Naamusaa hojiif barbaadu yookiin gaafatu akka argatu deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuufiif dirqama qaba.

#### **25 Seerota Raawwatiinsa hin qabaannee**

1. Qajeelfamni naamusa Ogummaa Abbootii Alangaa lakk 2/2003 qajeelfama kanaan haqamee jira.
2. Qajeelfamni fi barmaatileen hojii qajeelfama kanaan wal faallessan kamiyyuu dhimmoota qajeelfama kanaan hammataman irraatti raawwatiinsa hin qabaatan.

#### **26 Yeroo Qajeelfamichi Hojii Irra Ittii Ooluu**

Qajeelfamni kun Guraandhala 1, 2006 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Fiqaaduu Sobbooqaa Gammadaa**  
**Hogganaa Biroo Haqaa Oromiyaa**  
**GURAANDHALA 1/2006**  
**Finfinnee**